ICRC

ITIYOOPHIYAA

# HOJII HOJJETAME LAKKOOFSAAN

AMAJJII- MUDDEE, 2021


ICRC

KQDIA Itiyoophiyaa keessatti hojjechuu kan eegalee bara 1977, ALAtti lola Itiyoophiyaa fi Somaaliyaa gidduutti ta'ee jalqabeeti. Gochii isaa inni dursaa yeroo ammaa, namoota biyyatti keessatti sababa walitti bu'insa fi haala hookkara/jeequmsa biroon miidhamaaniif garagaarsa kennuu dha. Bara 2021 keessatti, gochawwan Namoomaa KQDIA hedduminaan gidiraa namoommaa sababa lola kaaba Itiyoophiyaa mudatee fi fedhii hawaasa kutaa biyyatti biroo keessatti sababa wal faakkatuun miidhamaniif deebii kennu irratti kan xiyyeeffate dha. KQDIAn bara 2021 keessatti:

## FAYYAA

- Hojii lubbu-baraarsaa balaa tasaa meeshaa waraanaan madaa'aniif, meeshaalee wal'aansaa, meeshaa sochii qaamaaf fayyadanii fi meesha ittisaa dhuunfa ta'an buufatalee fayyaa jalqabaa **44** fi hospitaala **57** naannoolee adda-addaa keessa jiraniif dandeettii ittisaa fi to'annaa balaa tasaa fi dhukkuba koroona vaayirasi('COVID-19') irratti qaban jabeessuu kayyeeffachuun meeshaleen yaalaa bu'uura kennamee jira. Meeshaan kenname kun, namoota madaa cimaa qaban **4,250** ykn madaa giddu-galeessaa qaban **13,450** fi dhukkubsattoota biroo **116,100**'f gargaaree jira. Dabalataan, KQDIA'n ministeeraan kan durfaman dhaabilee fayaa garagaraaf kan rabsaman meeshaalee imalaaf fayyadan, wuulcheerri fi kiraanchii kan of keessatti qabate kennuun ministeera fayaa deeggeree jira.
- Hospitaala waliigalaa Sehuul, Shireef, siliindarii oksijiinii/qilleensa afuura fudhachuuf-baafachuuf fayyadu (ji'a ji'aan siliindarii **75**) hojii lubbu baraarsaaf oolu dhiyeessuun deggeree jira. Akkasumas KQDIA'n naannoo oromiyaa keessa hospitaalee **4** fi humaraa keessa hospitaalaa **1**'f off eegannoo dursaa fayyadu fi gatii geejjiba oksijiinii to'annaa "COVID-19) cufu fi lubbuu baraarsaa hospitaala keessaaf oolu deeggarsa faayinansii kenne jira.
- Dandeettii tekinika lubbu baaraarsa isaanii jajjabeessuuf naannoolee Oromiyaa fi Tigraayi keessa hospitaala waliigala sehuul shiree fi Dambi-Doolloof deeggersa kenne jira.
- Buufataalee fayyaa jalqabaa **6**, Husee, Cinaaksen, Tuliiguleed, Mayyuu, Inaaggoo fi Gullisoo naannoo oromiyaa fi somaaleetti argamaniif deeggersa teeknikaa ji'a-ji'aan dhiyeessii yaalaa, haawwan dahanii fi meeshalee qulqullinaa kenne jira. Akkasumas KQDIA'n gargaarsa walfakkaatuun naannoo tigraayi keesstti wiirtuu fayyaa jalqabaa **11**'f kennee jira. Gargaarsi haadholii **5,350** oliif wiirticha keessatti dahaniif fayyadee jira.




Bara 2021, KQDIA'n Hospitaala waliigalaa finootee seelaam naannoo Amaaraatiif dhiyeessii yaalaa gargaarsa kennee jira

- Dameelee WQDI **15**, naannoo Amaara, Tigraayi, Oromiyaa, Hararii, somaalee, Dirre-dawaa fi finfinnee keessatti dhiyeessii wal'aansa meeshaalee Yaalii fayyaa dursaa guutan **1800** gargaree jira.
- Lubbu-baraarsa barbaachisoo fi daa'iman dhiyoo dhalatan irratti kan xiyyeefate Ogeeyyi fayyaa naannoo oromiyaa,lixa Wallagaa dhaabbilee fayyaa **10** keessa dhufaniif leenjii guyyaa-**12** qopheessuun kenne jira.
- Leenjii too'annaa lubbu-baraarsaa/bala-tasaa sadarkaa jalqaba Ogeessota fayyaa hospitaala Dambi-Doolloo **12**'f kenne jira.
- Leenjii to'annaa fi ittisa dhukkuba daddarboo kunuunsa fayyaa kennitoota dhaabbilee fayyaa **8** naannoo Somaalee, Oromiyaa, fi Dirre Dawaa keessa dhufanif qopheessee kennee jira.
- Leenjii fayyaa jalqaba tola-ooltota Ambulaansii WQDI **42** ogeeyii fayyaa dhaabbilee Finfinnee fi Adigiraat irraa dhufaniif kennamee jira.
- Tigiraayi keessatti hookkara/jeequmsa saala irraa warra hafaniif wiirtuu iddoo tokkotti qabuun meeshaalee barbaachisoo, meeshaalee kabaja kan off keessatti qabateen deggeramanii jiru.

## DEEGGARSA DIINAGDEE

- Abbootii warraa **16,139** sababa lola naannoo Tigraayi sanyii midhaan nyaata xaafii fi mishinga xaa'oo waliin deeggaruun miseensoota maatii **96,834** fayyadamoo akka ta'an godhe jira.
- Sanyii Boqqolloo, Mishinga, Qamadii yookiin deeggarsa qarshii abbooti warraa **10,000**(Miseensii maatii **60,000)** sababa hookkaraan miidhaman, Cinaaksan, Baabbillee fi Haroo limmuu naannoo oromiyaa keessa jiraniif rabsee jira.
- Abbootii warraa **5,000** aanaa tuliiguleed, naannoo somaalee jiran sababa walitti bu'insan miidhamaniif sanyii qamadi fi mishinga yookiin boqqolloo fi mishinga dhiyeessuun miseensi maatii **30,000** fayyadamoo akka ta'an taasifamee jira.
- Buqqaatoota maatii **61,628** (miseensoota maatii **396,972**) namoota buqqa'ani naannoo Amaaraa, Afaar, Oromiyaa fi Tigraayi keessa qubataniif meeshalee manaa barbaachisoo rabsee jira.




KQDIA fi WQDI waliin gamtoomuun Namoota buqqatootaaf meeshaalee barbaachiisoo, naannoo Amaaraa, Deesse, 2021. raabsameera.

- Sanyii miidhaani barbaachisoo fi Deggersaa qarshii sanyii miidhaani babali'suuf fayyadu deeggarsa teeknikaa yuunivarsiitii Haramaayaa irra fudhachuun qonnaan bultoota **180** sababa jeequmsa/hookkaraan miidhamaniif gamtaaleen **9** aanaa cinaaksan keessa jiran dhiyeessii sanyii midhaani akka argachuu danda'an taasisee jira.
- Sanyii miidhaanii barbaachisoo fi Deggersaa qarshii shaakala Agiroonomiksii inteerpiraayizi sanyii midhaanii somaalee akka deeggarsa argatan kenne jira. Deeggarsichii qonnaan bultoota **220** miidhamaniif sanyii midhaani akka argatan gargareera.
- Talaallii horii mana **685,783** dhukkuba sadi (Anteraaksii, bovine/ovine paasterellosis) maatii **44,300** (miseensota **265,800**) fayyadu kan danda'u Naannoo Oromiyaa fi Somaalee keessatti deeggarsa kenne jira.

- Gatii inshuuransii loonii indexi irratti hunda'e hori manaa **2,119** kan maatii horsiise-bula **1,460** miseensota **2,760** fayyadamoo kan taasiisee parsantii 70 cufe jira
- Gargaarsa qarshii Wanta Garagaraf kan oolu buqqatoota maatii **43,150** (miseensoota **258,900**) Deggersi Qarshii kun Buqqatootaf Wanta Fedhaa isaani akka argatani bitatanii itti fayyadaman isaan dandesiisaa.
- Meeshaalee **8,034** (Meeshaalee maatiif barbaachiso ta'an), fi ibsaa humna aduu(solar) **5,500** QDI'f guumachuun uummata buqqa'ani kutaa biyyatti adda addaa keessa jirataniif raabsameera.
- Hojjetoota Tigiraayi keessa jiraniif kafaltiin ji'a ji'an waan hin jireef dalaga itti fufinsa dhaabbilee fayyaa mirkaneessuuf deeggarsa dhaabbilee fayyaa **18** tiif qamadii kg **237,225**, Shunburaa kg **23,760**, Zaayitii nyaataa leetira **7,130**, fi Ashaboo kg **3,186** hojjetota buufata fayyaa fi maatii isaanii fi dhukkubsatootaaf kenne jira.

## BISHAANI FI BAKKA JIREENYAA

- Dhiyeessii bishaan burqaaf kemikaaloota bishaan qulqulleessan magaaloota Maqalee, Adawaa, Aksuum, Shiree, Adigiraat akkasumas mooraa godaantotaa/ IDP maayitsemrii fi Hitsaatsi keessatti kan gumachee ta'uu isaa fi namoota buqqatoota fi hawaasa achi keessa jiraataniif tajaajila geejjiba bishaanii kenne jira. Akkasumas KQDIAn magaaloota wal fakkaatan keessatti burqaa bishaanidhaaf jenereteerii fi paampii lafa keessa Awwaalamu danda'u kenneera. Deeggarsichi namoota miliiyoona **1.74** bakka isaaniif ramadame/eeyyemamee kessatti bishaan akka argatan dandeesiisee jira.
- WQDI waliin ta'uun, namoota magaaloota Maqalee, Adigiraat, Aksuum, Adawaa fi Shiree keessa baqqatoonni bakka IDP keessa qubatani jiran **78,018**'f tajaajila leenjii qulqullina gurguddisuu kenne jira.
- Sirnoota qulqullina fi suphaa bishaanii dhaabbilee fayyaa **5** hospitala sehuul shiree, shiree, maqalee, hospitaala humara fi wiirtuu miidhamtoota qaama maqalee dhukkubsatoonni **363** guyyaa guyyatti fayyadamoo akka ta'an taasiseera.
- Naannoo Amaara nifaas mewuuca, Gassayi fi Dabreezayit keessatti tajaajila dhiyeessii bishaanii sababa lolaan bilasha'an deebisanii ijaaruuf dhaabbilee bishaaniif meeshaan ileektroomekanikaalii kennameera. Akkasumas KQDIA'n tajaajila fayyaa itti fuf'insa akka qabatu gargaaruuf hospitaala dabre birhaaniif jeeneretara guumache jira. Deeggarsich namoota **64,644** fayyadamoo taasisee jira.




Namoota lola kaaba Itiyoophiyaa keessatti miidhamaniif iddoo bishaani KQDIA'n suphee irra baadiyyaa Danga Deesse, 2021. raabsameera

- Proojektii dhiyeessii bishaan baadiyaa **6** Magaaloota Awujaabuur, Burqaa, Gabogabo tuulluguleed akkasumas, Iddoowwan Gursum fi Odasanatalle naannoo somaalee keessatti xumuruun namoota **37,608** fayyadamoo godhee jira.
- Suphaa bishaan harkan urgufuun waraabaman lixa Guuji, Lixa Wallaga, Baha Wallaga, Bunnoo bedeelle, Godinalee Illu Abbaaboor fi kemikaala bishaan qulquleessuu naannoo Oromiyaa, Magaalaa Dambiidoolloof guumachuun namoonni **31,428** tajaajila dhiyeessii bishaaniin fayyadamoo akka ta'an taasisee jira.
- Sirnoota Qulqullina fi suphaa bishaani dhaabbilee fayyaa **4** Nagallee, Hawa Geelaan fi Hospitaala Dambidoollo fi wiirtuu fayyaa Gulisoo keessatti raawwachuun dhukkubsattoota **183** guyyaa guyyatti fayyadamoo taasisee jira.
- Suphaa bishaan harkan urguufame waraabamu **80** Zarbabit, Adhaardi, Korarit, kutaa fi bakkewwan biroo keessatti ijaaruun sababa lola kaaba Itiyoophiyaa keessatti miidhaman namoota **104,225** tajaajila dhiyeessii bishaanii akka argatan godhee jira. Akkasumas KQDIA'n Baatirii jenereeterii lama fi dhangala'aa jerkaana **135** hospitaala humaraaf kennuun hawaasni midhaman tajaajila fayyaa fooyya'ee akka argatan godhe jira.
- Baatirii jenereeterii **3** dhaabbilee fayyaa maayikadira, Daansha fi Umaraaf guumachuun dhukkubsatoota 330 tajaajila fayyaa guyya guyyaatti akka argatan godhee jira.

## BAKKOOTA MANA AMALA SIRREESSAA

- Bakkoota mana Amala sirreessaa **42** biyyatti keessa jiran daawwachuun, hiidhamtoota **31,069** daawwachuun, **796** immoo hordofee jira.
- Meeshaalee gargaarsa akka meeshaa qulqullina, uffata, uffata halkanii, fi meeshaa bashaannanaa, bakkoota **33** Naannoo adda-adda keessa jiraniif hidhamtoota **25,794** fayyadamoo akka ta'an godhe jira.
- Hidhamtoonni **763** qunnamtii maatii akka qabaataniif tajaajila bilbila fi yeroo qilleensaa gargaarsa kenne jira.
- Bulchiinsa mana amala sirreessaa ilaalchise leenjii **21** qopheessuun hojjetoota bulchiinsa mana amala sirreessaa, koomishinii mana amala sirreessaa naannoo kibba Itiyoophiyaa mana hidha adda-adda keessaa bahan fi seerota Maandeellaa irratti xiyyeefate leenjii poolisii **54**'f kennee jira.
- Ijaarsa mana amala sirreessaa Gimbii (Naannoo Oromiyaa) kan amala sirreefamoota **1,866** fayyadu xumuramee jira.
- Karaa ijaarsa, kunuunsaa fi hojiiwwan dandeetti guddisuuf gargaaran piroojeektii **21** xumuruun tajaajiloota bishaan gaarii, meesha harka qulquleessuuf fayyadan fi dhiyeessii humnaa mana amala sirreessa **37**'f akka kennamu taasisee jira.
- Meeshaalee sochii qaama miidhamtoota **2,100** fayyadu (kiraanchii, diriirsaa, wuulchaarii) kiliinika mana amala sirreessa federaala Qaallitti keessa jiruuf gumaachee jira.
- Leenjii guyyaa **4** tajaajila fayyaa mana amala sirreessa irratti kan xiyyeefate ogeeyyi fayyaa fi hojjetoota dhimma nageenyaa mana amala sirreessa federaala fi naannoo **6** irra dhufan **21**'f kenne jira.
- Seeminaara guyyaa **2** tajaajila fayyaa mana amala sirreessa irratti naannoolee **18** fi qindeesiitoota kunuunsa fayyaa federaala fi hojjetoota dhimma nageenyaa naannoo Oromiyaa, Amaara, Benishanguul gumuz, harar, Sidaamaa, Kibba Itiyoophiyaa, Somaalee, finfinnee fi dire-dawaa irra dhufaniif qopheessuun kennee jira.
- Meeshaalee qulqullina fi uffata hidhamtoota **65** namoota dhukkubaa saammuu qaban, dubaartii ulfa, daa'imman isaani waliin mana amala sirreessa Dabra birihaan, Goondar, fi kamisee fi yabelloo keessa jiraniif kunuunsa eenyuummaa kenne jira.
- Dhiyeessii yaalaa mana amala sirreessaa Daalatii, gondar kamisee, Maqalee, Yabelloof guumachuun hidhamtonni **20,000** tajaajila fayyaa akka argatan godhe jira. Akka qaama deebii lubbuu baraarsatti, KQDIA'n dhiyeessii yaalaa fi kan yaalaa hin tanee mana amala sirreessaa dabra birihaan, Yirgaalem, Daalatii fi Maqalee hidhamtoota **22,000** tajaajila fayyaa akka argatan godhe jira
- Akka ittisni dhukkuba koroona vaayirasi fi dhukkuba daddarbaa jabaatuuf meesha ittisa mana amala sirreessa Hawaasaa fi Asoosaa akkasumas buufata poolisii qadaamay wayyaanee fi kaffita humaraa, mana hidha Yabelloo fi Yirgaalemiif meesha dhukkuba daddarbaa ittisuuf gargaaru dhiyeessee jira. Dhiyeessichii hidhamtoota **7,800** fayyadamoo taasiseera.

## MAATIWWAN GARGAR BAHAN

- Waldaa Qaxxamuraa Diimaa Itiyoophiyaa waliin ta'uun, baqqatoota **112,992** finfinnee wiirtuulee adda bahi'nsa keessa jirataniif meeshaalee nyaata fi nyaata hin tanee kennee jira.




Dubartii naannoo tigraayi,shiree jiraattu karaa gargaarsa KQDIA'n firoota ishee wajiin bilbiluun wal-qunnamtetti

- Waldaa Qaxxamuraa Diimaa Itiyoophiyaa waliin ta'uun, baqqatoota **46,372** tajaajila bilbila tolaa akka firoota isaani biyya jiran waliin wal-qunnaman taasifamee jira.
- Waldaa Qaxxamuraa Diimaa Itiyoophiyaa waliin ta'uun, baqqatoota fi namoota biroo **115,745** sababa karaa wal-qunnamtii dhabuun oduu maatii waliin wal jijjiruu dadhaban dandeesissuuf tajaajila bilbila tolaa kennee jira.
- Gaaffii miseensa maati bade barbaachuu **2,794** biyyaa keessa fi Alaa sassabuun isaan keessaa namoota barbaadamoo **107** arguu danda'ee jira.
- Waldaa Qaxxamuraa Diimaa Itiyoophiyaa waliin gamtoomuun, ergaa Qaxxamuraa diimaa,miseensoota maatii **17,430** waliitti bu'insan yookiin hookkaraan gargara bahan giddutti akka wal jijjiramu taasifameera.

## QAAMA-MIIDHAMTOOTA WALIIN(“PWDS”)

- Qaama-midhamtoonni **9,900** “PWDS”, akka tajaajila fedhaan argataniif Giddu-Gala Qaama miidhamtootaa **11** keessatti gargaaramanii jiru.
- Hidhamtoota **57**’f meesha sochii kan akka barcuma konkolaattuu/wiilcheerii, dhaabbata/kiraanchii, kophe bakka bu’aa, proostesiis fi ortootiksi kenne jira.




Leenjii meeshaalee Omishaa proosteetik fi ortootiki irratti staffii qaama deebisan fayyifachu maqalee naannoo tigraayi maqaaletti fudhatame. 2021.

- Leenjii guyyaa tokkoo gargaartoota ogeeyyii fiisiyoo-teeraappii **8**’f tajaajila giddu gala qaama miidhamtootatti kennamee jira.
- Leenjii torbee tokkoo bulchiinsa kunuunsa milla suukaara irratti teekinishi’anoota saayikoteerapistoota, nursoota fi ortoopedikii **13**’f kenname jira.

---

## ITTISA/ “PREVENTION”

- Qondaaltoota waraana **253**’f bu’uura Seera Namoomaa lil-Addunyaa/SNIA (IHL) irratti Raayyaa Waraanaa Biyyooleessaa Itiyoophiyaa (ENDF) ta’aniif leenjiwwan kennamanni jiru.
- Leenjii bu’uura SNIA irratti miseensota Raayyaa ittisa biyyaa **150**’f opireshinii Adda irratti hirmaataniif Qindeessuun kenne jira.
- Naamoomaa idil addunyaa fi sadarkaalee fi seera mirga nama irratti xiyyeefachuun miseensota **50** miliisha naannoo Amaaraaf leenjiiwwan taasifamani jiru.
- Leenjii akkaata “IHL” hojii irra itti oolu irratti waraana galaana irra fi lola saayiberii waraana **50** ajaja adda adda raayya ittisa biyya irra dhufaniif kenname jira.
- Seminaara bu’uura SNIA/IHL irratti magaalaa baahir daar keessatti poolisii waraana **53**’f qindeessuun kenname jira.
- Waliigaltee hubannoo(mou) kolleejjii waraana raayyaa ittisa biyya waliin ta’un karrikuulemii
- Leenjii mirga dhala nama ilaalchisee sadarkaa idil-addunya eegate, miseensoota komishini poolisii federaala, poolisi idilee fi humna adda **273**, naannoolee Amaaraa, Oromiyaa, Uummata kibba, Sidaama, Hararii, fi dirre-dawaa irraa dhufaniif kenname jira.




Miseensota poolisii federaala fi oromiyaa seera naamoomaa idil addunyaa fi Sadarkaalee mirga nama, Shaambu, Horro gudruu Godina Wallaga, Oromiyaa keessatti seminaara hirmaachiseera. naannoo, 2021.

- Yuunivarsiitii poolisii Itiyoophiyaa waliin ta’un, leenjii leenjiftoota poolisii federaala fi naannoo **79**’f mirga filannoo poolisii fi amala seera mirga dhala nama idil addunya irratti kenname jira. Akkasumas, “KQDIA’n “EPU” waliin firoomuun, imaammata barnoota/karkuleemii fi moojuloota yuunvarsiticha keessatti walta’insa mirga namoota irratti leenjii leenjistoota biroo kenne jira.
- Workishooppii mirga dhala nama sadarkaa idl-addunya fi to’annaa namoota waliitti guuramani irratti hooggantoota poolisii naannoo somaalee fi farra mormii **40**’f kennamee jira.
- Leenjii gabaasa namummaa irratti xiyyeefate magaalaa baahir daar keessatti gaazexesitoota **35**’f kenname jira
- Yuunivarsiitii finfinnee waliin ta’un, seminaara yeroo lola/jeequmsaa eegumsa kunuunsa fayyaaf godhamu irratti baarsiisota yuunivarsiitii irra dhufan **15**, fi ogeeyyii fayyaa fi barattootaaf qopheessuun kenne jira.

- Yuunivarsiitii baahir daar waliin ta'un waldorgommii abbootii seera 5ffaa biyyaaleessaa irratti yuunivarsiiti **19** qindeessuun hirmaachise jira.
- Waldorggomtii SNIA/"IHL" Afrikaa hunda Aruusha, Taanzaniyaa keessatti taasifame irratti hirmaanna barattoota **2** guumacheera

## GAMTAA WALDAA QAXXAAMURA DIIMAA ITIYOOPHIYAA WALIIN

- Namoota madawoo fi dhukkubsatoota biroo **164,240** Keessuma kaaba Itiyoophiyaa fi godina wallaga(naannoo Oromiyaa) keessatti tajaajila kenna warra turan Baasi/gaati konkolaatoota ambuulansi **43** cufeera.
- Meeshaalee nyaata hin tane feedhii maatii **8,000** gargaaru kan danda'u (miseensota, **40,000**) guumacheera.
- Leenjii yaalii fayyaa jalqaba qindeessuu irratti damee "FDI" **22** fi leenjiwwan barbaachisoo tola-ooltoota **660** deeggareera.
- Yaalii fayyaa jalqaba irratti xiyyeefachuun staffii Qaaxxamuraa diimaa fi tola-ooltota **50** naannoo **6** irra dhufaniif leenjii leenjistoota qopheessuun kenname jira.




Nikoolas Voon Arx, Mata-duree itti gaafatammaa KQDIA Itiyoophiyaa keessa, (mirga) fi Geetacheew Ta'a, hubannoo beekumsaa gamtaa dhaabbilee lamaan giddu jiru Finfinnee, bara 2021 mallatteesaniru.

- Mankuusa fi biiroolee isaanii akka sirreessaniif dameelee WQDI **7** deeggaranru. Konkolaatoota Ambuulansii **18** fi land kruserii ja'a damelee WQDI godinaalee naannolee Oromiyaa fi Tigraayi ta'anf guumachee jira. KQDIA.
- Leenjii dhaabbata dhiyeessii nageenya fi deebii balaa hojjettoota Waldaa Qaxxaamura Diimaa fi tola-ooltoota **471** dameelee godina **7** irra dufan kennuun jajjabeesee jira.
- Dhaabbata leenjii **8** tola-ooltoota fannoo diimaa kiilaaboota dargaggoota hundeessuuf gargaaraniif gorsa kenne jira.

facebook.com/ICRCAfrica
twitter.com/ICRC_Africa
instagram.com/icrc_afrique

Bakkaa bu'aa Finfinnee
Koree Qaxxamuraa diimaa idil-addunya (KQDIA)
Kutaa magaalaa bole, K. 12/13 H.No 498
Finfinnee, tiyoophiyaa
T +251 (0)11 647 83 00

Naqamtee bakka bu'aa muraasa
Koree Qaxxamuraa diimaa idil-addunya (KQDIA)
Kutaa magaalaa Kassoo, Ganda 05,
Lakkoofsa mana 290, Naqamtee, Itiyoophiyaa
T +251 (0)57 660 66 55

Maqalee, bakka bu'aa muraasa
Koree Qaxxamuraa diimaa idil-addunya (KQDIA)
Magaalaa Maqalee, Kutaa Magaalaa Haaddent,
Ganda 18, Maqalee, Itiyoophiyaa
T +251 (0)34 440 24 40

Itti gaafatammaa itti aanaa Shiree
Koree Qaxxamuraa diimaa idil-addunya (KQDIA)
T +251(0) 03 42 44 08 73
Ganda 03, Magaalaa Shiree , Itiyoophiyaa

Itti gaafatammaa itti aanaa jijjiigaa
Koree Qaxxamuraa diimaa idil-addunya (KQDIA)
Ganda 10, Lakkoofsa mana 196, Jijjiiga, Itiyoophiyaa
T +251 (0)25 278 81 49
www.KQDIA.org

**Golgaa suura: KQDIA**
Namoota sababa lola kaaba Itiyoophiyaa dhaan miidhaman Meeshalee maatii barbaachisoo ta'an sasabu, Diigdiiga, Naannoo Afaar, 2021.

KQDIA'n namoota sababa lolaa fi haala jeequmsa/hookkara biroo addunyaa irra, kan danda'u hunda'an eenyuummaa isaanii eeguu fi miidhama isaani irra akka fayyan godha, Kana kan hojjetu, Waldaalee Qaxxaamura Diimaa fi Baatii Diimaa waliin ta'uun hojjeta. Akkasumas dhaabbatichi seera naamoomaa fi qajeelfamoota dorgoommi naamoomaa idilee jajjabeessuu fi guddisuun haala cimaa isaan keessa jiran irra gargaaruuf barbaada

ICRC